
NUUBIYYAA

Barruu Seenaa dhugaarraa Asoosamaa’e



Fulbaana 26, 6415/2021

Finfinnee, Oromiyaa

Seensa

Ilmi namaa uumamaan nama biraatiin jaalatamuu, kabajamuu, jajamuu, faarfamee namoota biratti bakka guddaa argachuufi waan hawwe san argatee milkaa'aa namaa ta'uuf dharraafi fedhii daangaa hinqabne of keessa dhoffatee socho'a. Dharraafi fedhii akka malee barbaadu kana dhabee milkaa'uu dhabnaan, dhiphatee of dhiphisee, jeeqamuun dhibbentaa 50% oliin sammuun isaa nagaa dhabuu danda'a. Yookiinimmoo, Abdi-kutannaan sammuun isaa hammeenya kuusee tooftaa caalaa gara humna fayyadamuutti geessa. Humnimmoo faayidaa caalaa miidhaa hordofsiisa.

Namoota muraasarraa kan hafe irra caalaan keenya, waan feeneefi hawwine of harka galfachuuf tooftaa osoo hintaane humna fayyadamna. Cufanaa cufame tokko furtuu isa banu harkarraa hinqabnu taanaan tasumallee banuu hindandeenyu. Carraan nuti qabnu, furtuu balbala sanii cabsuu qofa. Isayyuu cabsuuf tooftaa hinfayyadamnu taanaan cufanicha cabsuun kasaaraa biraa keessa galuu dandeenya. Kanaafuu tooftaan waa hunda keessattuu nu barbaachisa jechuudha. Jaalala, kabajaafi fedhii nama biratti fudhatama argachuu barbaannu argachuuf falli jiru tooftaafi jaalala qofa ta'uu qaba!

Seenaa Dhugaa Asoosamaa'e!

Hojiifi humna uumaa ta'ee uumamaan lubbu qabeeyyiifi lubbu maleeyyiin hedduun lakkoofsaan hammi isaanii hinbeekamne bakka waljijjiiraa, haala Rabbiin eeyyama kenneefiin bakka walbuusaa, inni kuun yoo du'u inni kuunimmoo dhalatee bakka bu'a. Uumamaawwan addunyaa kanatti dhufanii simataman hedduun dulloomanii tortoranis irra caalaan isaanii uumama haarawaan bakka buufamaa deemuun isaanii waan wal nama gaafachiisu miti. Guyyaanis gargaarsa Aduutiin falaqqisee ifa Addunyaa maraaf kennee ijaan fagotti wal nama agarsiisee osoo hinquufin, halkan gurraacha dukkanaatiin dhaalamee yeroof aangoon Addunyaa too'achuu irraa fudhatama. Halkanis aangoo isaarra kan turu yeroo muraasa dabarsee guyyaaf deebisee kennuuf dirqama.

Guyyaanis akka barbaade aangoo isaatti kophaa hinfayyadamu; Duumessa, Suulaa bubbee makate, Hurriifi Roobaan waldhaansoo jabaa osoo wal qabuu yoo itti jabaate isaaniin gaadi'amee osoo olaantummaa isaa hinlabsatin abbaa dabareetiif dabarsa. Halkanis dukkanaayee abbaa irree ta'uu yoo barbaade, urjii, baatiifi ifaawwan nam-tolcheetiin wal-utubanii ifa waliin gahuun Addunyattiif bilisummaa labsu. Kun walarkaa

fuudhiinsa Uumaan uumamarra dirqama jabaa kaa'uun taatee biyya lafaatiif nuura bareedaa kenneedha. Ilmi namaas akkasuma bu'aa bahii dachee kanaa dhamdhamatee darbuuf garanatti makama. Akkuma dhalachuun isaa hinoolle, marsaalee namni keessa taruu qabu hunda keessa taree Addunyaa kanarraa godaana. Namnis akkuma uumama biroo bakka wal-buusaa deema waan ta'eef haaraan dhalatee, kan dhalates marsaalee Gadaa mara keessa darbee guyyaan du'aa yoo itti geette fudhattee kuttiin. Marsaalee Gadaa jiraachuuf hawwu saniyyuu haga fedhasaa osoo hinjiraatin dhiisee deemsa deebii hinqabne deema. Nuubiyyaanis uumama bu'aa bayii lafarraa dhamdhamee darbuuf gara Addunyaa ilmi namaa "*Jaarraa 21ffaa*" jedhee moggaafatee 22ffaa simachuuf of qopheessaa jiru kanatti dabalaman keessaa takka. Yeroo gara Addunyaa kanaa dabalamtu, Addunyaaf nama meeqaffaa akka taate beekuu dhabdus maatii isiitiif nama jalqabaa taatee obboleewwan duubaan dhufuu danda'aniif xurree qajeelaa saaqattee as baatee kunoo Ganna 16ffaa reef simatte.

Nuubiyyaan intala dhalattuu reef guddinarra jirtu durba kichuu taatus, qaamaaf simboon Rabbi loogummaan isii qofaaf kenne akka Jeettii kooriyaa kaabaa isa mucaan dargaggeessi furdichi

gabaabaan sun kokkolfaa gammachuun of guutee, ariitii addaatiin furgugsaa oolu sanitti isiin furguggaatee kunoo durba geettuu isii fakkeesseera. Yeroo kana Nuubiyyaan kutaa 8 xumurtee reefuu gara kutaa 9ffaatti darbuu isiiti. Isayyuu yeroon osoo itti hinbarafatin obbo Gammachuun barumsa waan seenseefi malee akka kichummaa isiitiif kutaa 9 hingeettu ture. Kan dhaloota isiifi kichummaa isii beeku "*Intalli Obbo Gammachuu durba qarree geettuu taate mitii?*" jedhanii akka simbirroon firii liqimsaa isaaniitiif ta'u, walitti qoxxisuun walafaanii fuudhaniitti isaanimmoo bifa gaafii of keessaa qabuun oduu walafaanii fuudhu. Walitti daddabarsi oduu waa'ee Nuubiyyaa, ollaa isaaniirra darbee naannawni jireenya isaanii hundi shororkaayee gurra qabatanii "*Na baasi Yaa Rabbi! waa'ee Nuubiyyaa malee namni waan biraa haasa'uu qaata dhiisemoo?*" gaafii jedhuun nama maalalchiisa.

Akkoon Nuubiyyaa Aadde Toltuun Magaala Sandaafaa qarqara Ollaa mana Nuubiyyaa faa yoo taatu, ji'aafi urjii lakkooftee dhaha Oromoo himuun eennuyyuu isitti hin qixxaatu. Quba harkashii kan dullooma isii mallattoo guutuun agarsiisu san dadachaaftee wal keessa maraa, Umrii Nuubiyyaa lakkooftee "*Abeet yaa ijoollee ammaa! guddinni takkallee isin hindhibu, dhalachuuf guddachuun keessanillee haguma limsuu ijaati!*" jettee

osoo dubbattuu quba isii shanan harka bitaarra jiran harka mirgaatiin dadachaasaa lakkoofti. "*Abeet…Abeet… handhuurri isii ta awwaalamteyyuu yoom goggodde? Qeerroon yeroo ammaatis… himm…*" jettee waan jechuu barbaadde osoo hin xumurin waan biraatti dabarti-Aadde Toltuun. Haalli guddina Nuubiyyaa kan akkana kophaa haasofsiisuun ajab jechisiise, Aadde Toltuu qofa osoo hintaane, nama kichummaa isiitiifi miidhagina Uumaa irraa akka badhaasa addaatti Nuubiyyaan argatte saniif maalalfatu hunda ta'uu hinoolle.

* * * * *

Nuubiyyaan durba qarree kichuuf bareedduudha. Dhugumattuu jechi Afaan Oromoo bareedduu jedhu bareedina isii guutuu ibsuu dhiisii qaama isiirraa qeensa isiituu ibsuu waan hin dandeenyeef koreen Waaltina Afaan Oromoo osoo irratti mari'ateeyyuu jecha isii ibsu argachuu dhabuu danda'a yaada jedhuun shakkii namatti uuma. Qeerroon Magaala Sandaafaa hedduunis "*Namni ishii kana argate nama eebba haadhaaf abbaa dachaa dachaa qabu yoo ta'e malee, inni kuun…*" jechaa osoo haasawa isaaniillee hinfixatin kakuun hidhii itti ciniinnatu. Mudhiin isii waan qal'inaa bareedduu mudhii sonsaa jechisiisuu bira

darbee jecha ibsaniin nama dhabsiisa. Fageenyarraa yoo ilaalan qaamni gara gadiifi gara olii qal'ina isii kanaan waan addadda citee Nuubiyyaa bakka lamatti adda baasu itti fakkaatee, namni hedduun gara-nyaattoon guutamee hidhii xuxxuuxata. Qarreen hedduunis bareedinaafi simbo qabeettii ta'uu isii kanatti, garaan gubatee waan nama hinaarsineef aaranii hidhii gara jalaa itti ciniinnataa oolu. Hawwiifi hinaaffaa miidhaginaa.

Qeerroon hedduunis hawattummaa isii kana ofiif hawwanii si'a hedduu gororasaanii irra deddeebi'aa liqimsaa, hawwii isiif qabaniin kokkee of jiisaa oolanii bulu. Rifeensi isii akka dukkana halkan duumessaatti gurraacha'ee waan dheerinaa safartuu meetiraarra utaalanii kiilomeetiraan akka safaraniif nama kakaasu sun yeroo qilleensaaf ajajamee akka waan irraa faffaca'ee qilleensicha faana baduutti, naannoma fuula isiitti oliif gadi faffaca'aa nama hawata. Osoo isiin hin beekin dargaggoon isiirratti waldhabuun akka Ameerikaafi Kooriyaa kaabaatti misaa'elaan walrukutuuf dhaadannoo hawwiif xiiqiin guutameen walitti gaarreffatu.

Dargaggeessa meeqatu isii ijaan arguuf of mimmiidhagsee urgooftuu biyyoota addaddaa ofirra dhangalaasee hojii tokko malee dallawa isaanii afoo

deddeemaa oola? Dargaggeessa qofa osoo hintaane, ga'eessi guguddaan abbaatti isiif ooluufi jaarsi jajjabni Akaakayyuutti ooluufis Nuubiyyaa hawwuu irraa of too'achuu waan danda'an hinfakkaatu. Mooraa isa dallawame san malee fuula Nuubiyyaa arguun kan hawwii itti ta'e dargaggoonni Sandaafaa garaan isaanii waa heddu yaadee mala ittiin harka ofiitti galfatan dhahachuuf sammuu isaaniis kan dhiphisan heddu. Tooftaadhaan isii eeguuf dargaggoonni yeroo Mooraa isaaniirraa faffagaatanii dhaabbatan, mooraa manasaanii kabaja itti horanii Eegumsuma Masaraan mootummaa tokko eegamu fakkeessaniiru. Mooraa isaaniimmoo, masaraa mootummaa irraa wanti adda taasisu, masaraan mootummaa mindaa ji'aan kafalamuun kan eegamu yoo ta'u; Mooraan isaanii immoo, kafaltii mindaa tokko malee tajaajila bilisaa fedhii isaaniitiin kan eegamu ta'uu isaati. Namoota fedhii isaaniitiin tajaajila eegumsa kaffaltiirraa bilisaa mooraa isaaniitiif kennan keessaa Tolaan nama tokko.

Tolaan yeroo hedduu daandii irrattis argee dubbisuuf yaalee milkaa'uufii didee aariin ibiddi itti qabataa gara manasaa galeera. Yeroo baay'ees qalbii isii hatuuf uffata babbareedaa faashinii garaagaraa bitee uffatus qalbiin isii isaaf harka kennuu diddee garaa itti jabaatte. Bilbila isii nama biraa irraallee barbaadee fudhatee, itti

bilbillaanis jalaa kaaftee deebii inni tasumallee gurraan dhagahuu hinfeene isa "*Hinta'u!*" jedhu; deebii sagalee kiilolee saniin dabaalamee isa biratti dhama dhabe si'a hedduu arraba isii irraa dhagayeera. Kana dhagahus gonkumayyuu Tolaan isiirraa abdii kutatee taa'uuf humna hinarganne.

Tolaa jaalalli Nuubiyyaa isa booji'uun burjaajii itti uumee, akka isa dhabsiisee waa hunda keessatti maqaa isii kaasee aariin hiriyoota isaatti haasa'u malee nagaaf boqonnaa hinargatu. Amala isii gaarii hunda namaa jilbiiffachiisu san, bareedina isiirratti seequun isiin nuffii tokko malee dhangalaasaa ooltu san, qaama isii kichuu dhodhommoqaa simboo addaa kenneefii dhiirota hunda garaa booressee akka dhabsiisu san; Nuubiyyaa ija nama hundaa keessa akka salphaatti seentee hordoftootaafi dinqisiifattoota ijaaf maalalfannaa baay'ifatte san; Nuubiyyaa ija mararrteetiin malee ija hammeenyaatiin ilaaluun dhagaa baachuu caalaa namatti ulfaatee hedduun namaa "*Akkam sii ta'u? Maal sii godhu?*" jedhee gaafiin dhamaasu san; ejjannaa isii kan fageenyarraa yoo ilaalan hunda booji'ee afaan qabachiisee "*Isiin kun Nuubiyyaadhamoo*?" akka jedhanii maalalan taasisu san yeroo marayyuu ijaaf sammuu isaa irraa fageessuu dadhabee waan godhu

wallaaleera. Yaada sammuu isaa irraa fagaachuu diddee cinama isaa gagarmaamti. Ija isaa afotti suureffamteetti.

* * * * *

Guyyaan isaa Kamisa ganama falaqqisni Aduu guyyicha labsitee sa'aatiin sadirraa gara afuriitti saffisaa jira. Nuubiyyaan uumamaanuu bareedduu waan taateef, akka dubartoota zabanaa kosmootiksii garaagaraatiin of kuuluuf sa'aatii guddaa hin balleessitu. Yeroon isiin fudhattu haguma taphattoonni Pirimeerliigii Inginaandi tapha jalqabuuf Fiishkaa Abbaa murtii eeggatan qofaadha. Kamisa ganamaan kaatee haadhaaf abbaa isii eeyyamsiiftee fira bira gara baadiyyaatti qajeeluuf karoorfattee kaate.

Waardiyyoota mooraa isaanii marsanii eegan kana osoo xiyyeeffattee hinilaalin gara mirgaatiin gara baha Biiftuutti qajeeltee Buufata konkolaataa Magaala Sandaafaatti fuula qajeelfatte. Yeroo kana namoonni fageenyarraa isii hordofan duuba isii yeroo deeman haadha aangoo gaardii VIP hedduun sochootu fakkeesseeraan. Akkuma buufata konkolaataa geetteen, konkolaataa nama guuttatee gara ganda Roggee Abbuutti qajeeluuf qophii isaa xumurate argattee seente.

Buufata konkolaataarraa konkolaataa gara Ganda baadiyyaa Roggee Abbuutti yaabbattee imala eegalte. Namoonni duuba isii hordofaa turan konkolaataa gara Roggeetti deemu yaabbachuu isii ilaalanii erga addaan baafataniin booda biraa deebi'an. Konkolaatichi gara baadiyyaatti ariitiisaa dabaleera. Nuubiyyaan achi geettee fira isii kan baadiyyaa nagaa gaafattee reef boqotte. Dargaggeeyyiin adamoo osoo hin adamsin guddatan Nuubiyyaa arginaan hiikkaan adamoo kan itti mul'ate fakkaata; dursummaa Tolaatiin waan hunda caalaa isii adamsuun faayida-qabeessa ta'ee kan itti mul'ate dargaggoon kunniin waan hamaa tokko itti yaadaniiru.

Tolaan hiriyoota isaa waliin Nuubiyyaa ijaan gaggeessee eessa akka deemtu hunda adda baafatee gara manasaatti gale. Waan yaadanii irratti waliigalaniin kana kan isaaf dhiyeessan hiriyoota isaati. Tolaan yaada hiriyoota isaa kana itti toluu dhabus Nuubiyyaan harka isaatii akka hin baaneef yaadni hiriyoota isaa kun gaarii ta'ee itti mul'atee isa biratti sagalee guutuun fudhatama argate. Dhimmichi ni milkaa'aaf taanaan waan durayyuu fedhiif hawwii guddaan barbaadaa ture harkatti galfata waan ta'eef, gammachuu cimaatu itti dhagahame.

Yeroo Nuubiyyaa waliin harka walirra kaayatanii Magaala Sandaafaa keessa asiif achi garmaaman; yeroo bosona dukkanaawaa cal jedhee sagaleen tokkoyyuu keessaa hindhagahamne keessa waliin taa'anii sagaleen, kolfaaf taphni isaanii qofti keessaa baroodu; yeroo morma isii akka morma Gaalaatti dheeratu san jala seenee, Rifeensa isii dhukkisa lallaafaa kunuunsa bare san jala dhokatee, hafuura isii kan uumamaa isa urgooftuu nam-tolchee FOGG tuffachiisu saniin bashannanu. Yeroo gateettii isaanii lamaan qullaa walitti irkisanii qarqarri guntuta Nuubiyyaa qara Eboo caalu fakkaatu sun guntuta isaa waraanee qaamni isaa fedhii isiitiin guutamee fedhii hurku; yeroo lamaan isaaniituu abdiin guutamanii ija ijarra dabareen wal dhungatanii deebi'anii walitti seeqatan; yeroo Nuubiyyaa waliin laga Awaash irra markabaan imalaa ija keessa wal ilaalaa deeman, suur-sagalee bareedaa isa Wellee Doktora kabajaa Artist Alii Birraa…

"…Awaash nama hinceesisu

Yaanni hiriyaa nama hinteessisu…!" jedhuun dabaalamanii bashannan, sammuu isaa keessatti yaadannoo hinbanne ta'ee hafu san yaadaan gara fuulduraatti deemee suuresse.

Yaada hawwiifi fedhii isaa Nuubiyyaa waliin qooddachuuf qabu hundisaa akka ogeessi fakkii harki Aartii Shaambal Lammaa Guyyaa kaasuun wal-fakkaatu san sammuun isaa fidee itti agarsiise. Yaada, hawwii, fedhii humna guutuu kan jaalalaa saniifi abjuu; abjuu keessaayyuu abjuu bareedduu gaabbii cimaa itti kaaftu. Abjuu guyyaan hirriibaaf mugiinsa tokko malee itti dhufe kana sammuun isaa keessummeessuuf dirqama fudhate. Dirqama jaalala gar-tokkee; kan gaafii malee deebiif abbaa kanaa dhabe. Gubata garaa jaalalaa kan kophaa isaatti jaalalli hoo'aan sun onneef sombasaa guggubee ciincessu; gubata deeggarsa hinqabneefi kan Nuubiyyaanis beettee hubatteefii irraa qoodachuu hindandeenne. Jaalala humna qabu, isa yaadaaf fedhii nam-tokkee; Jaalala namni tokko qofti dheebotee hoongeen beelaa itti hammaatee, kophaa hamuummatu.

* * * * *

Abbaan Nuubiyyaa obbo Gammachuun deemuu Nuubiyyaa arguu dhabus, iddoon isiin deemte fira isaaf isii bira waan ta'eef hin aarre. Garuummoo osoo hin turin daftee osoo galtee gammadaa ture. Abbaa fi haati Nuubiyyaa mucayyoo isaanii waan jaalataniif ija isaanii duraa akka dhabamtu tasumayyuu hin fedhan. Osoma garaan isaan hin

dandeenne obsumaan cal'isuu filatanii haga isiin dhuftutti obsaan of ukkaamsanii taa'uu filatan. Dargaggeeyyiin Nuubiyyaa adamsaa turan hundisaaniituu mala malatanii gara ganda Roggee Abbuutti imaluuf karoorsanii waa hundaan itti qophaa'aniiru. Nuubiyyaan achuma bultee ganamaan kaatee galuuf murteeffatteetti.

Ganamni obboroo sun ija banatee dukkana halkanii san moo'atee, ifa Aduutiin bariisise. Dargaggeeyyiin hojii hojjatan karoorsanii waliif kennanii bulan; ganama saniin ka'anii gara hojii isaaniitti imala jalqaban. Saffisaan hurufa baadiyyaa san keessa shokoksaa tokko malee qaxxisuun deemsa isaanii itti fufan. Gargar faffaca'anii iddoo isaanii qabatanii gamaaf gamana yeroo mimil'atan waan lola Itiyoo-Tigraayirratti gara tokko goranii hirmaachuuf kiyyeeffatan fakkaatu. Waan waa eeganis ni fakkaatu. Waan waa eegan qofa osoo hintaane waan lolaaf bahanii diina isaaniitti dhukaasuuf Daannoo(mishigii) qabatanis fakkaataniiru. Nuubiyyaan ganamaan kaatee daftee gara mana haadhaaf abbaa isiitti galuuf qoqophoofti.

Isiin akka dubartoota warra kaanii of qaqqabdee kosmootiksii garaagaraatiin of kuuluuf yeroo guddaa hin fixxu waan ta'eef, daqiiqaan 5(shan) itti guddata.

Bishaan qulqulluu fuula isiitti faffacaafattee, rifeensa isii dhukkisa san harka isiitiin sisirreeffattee xumurtee yeroo deemsaaf kaatu "*Jedhaakaa Akkoo! nagaatti naaf oolaa; yeroo biraa deebi'ee dhufaa!*" jettee Akkoo gara haadha isiitti nagaa dhaamattee bahuuf qajeelte. "*Tole dhalakoo karaa nagayaa naaf gali. Garuummoo osoo ciree hin nyaatin deemuu keetti aaree jira!*" jetteen Akkoon isii. Isiinis "*Rakkoon qabu ganamaan nyaachuu waan hin jaalanneefi; dhiifama guddaa Akkoo!*" jetteen. "*Maal taate Nuubiikoo? Koottuutii Aannanuma isii kanas ta'u dhugii garaakee qabbaneeffadhuu deemi*" jedhaniin. "*Tole Akkoo*!" jettee Aannanicha fudhattee dhugde.

Aannanicha afaanirraa fudhattee "*Ooh Akkoo, dhuguma garaa nama qabbaneessa. Hoo'umee atis tana congisi!*" jettee sesseeqataa gara Akkayootti qabde. Akkoon isiis "*Maali kun duutuun? Nyaachuus dhuguus hindandeettuu? Callisii atumti keessaa unimee!*" jedhaniin. Isiinis "*Akka harka kiyyarraa dhugdu barbaadeetii bar Akkoo!" "Tolekaa erga jettee!*" jedhanii harka isii irraa Aannanicha dhugan. Erga Aannanicha dhugdee akkoo isiis obaaftee booda "*Akkoo guyyaa biraa nan deebi'aa jedhaakaa nagaatti!*" jettee deemuuf kaate. Akkoonis, "*Tole dafii nagayaan naa gali!*" jetteenii gaggeessite. Isiinis nagaa itti dhaamattee

karaa konkolaataa fuuldura isii fageenyarratti ilaalaa deemsa itti fufte.

* * * * *

Dargaggeeyyiin Sandaafarraa isii hordofaa turan daandii isiin gara karaa konkolaataatti geessu bira gahuuf qabattee deemtu keessa hurufa hurufa jala riphanii dhufaatii isii eegaa turan. Akkuma isiin isaan cinaa geetteen "*Fii..x*" gochuun walitti fiissan. Hundisaanii yeroosanitti waamicha san dhagahanii dhufuun Nuubiyyaatti marsanii sochii isii daangessuuf yaalan. Gaafa guyyaa 2/2/2013 ganamarraa tilmaamaan sa'aatii 4:00 ni ta'a. Ija rifaatuutiin gamaaf gamana mimil'ataa "*Maal… maal taatan ijoo?*" jettee deebii isaanii eeggatte. Isaan keessaa gurbaan magaalli qal'aan reef karoora furdinaaf borci-tiraanisfoormeshinii waggoota dheeraa qabate tokko "*Hin dhiphatin Bareedduukoo, homaa hin taatu!*" jedhee itti siiqee harka irra kaayachuuf shaakala taasise.

Harkasaa ofirraa darbattee "*Achi narraa siqaa osoo isin hin salphisin!*" jennaan "*Ahahaha…. Akkamitti nu salphifta? Nuti kan salphannu yoo ati nu harkaa baatee mana haadhaaf abbaa keetti nu harkaa galte qofa!*" jedheen Mucichi. "*Akkanumaan hin dhama'inaa karaa koorraa goraa amma nan deemaa!*" jettee deemuuf

kaanaan mucichi qabeen. Nuubiyyaan ofirraa darbannaan "*Ani bade Tolaa*!" jedhee harkasaa waan guddinaa soodduu fakkaatu saniin kaballaa gurratti duuche. Gurri isii daqiiqaa muraasaaf dhageettii irraa walaba ta'ee hafe. Dammaqiinsa horattee, isiinis gurra jaamsuuf yoo qophooftu, inni kuun harka isii qabee dhaabe. Harka isaanii irraa baafachuuf tattaafattus humnaa ol itti ta'an. Yeroo kana Nuubiyyaan iyya naaf birmadhaa boo'ichaan makameen "*Uu…uu…uu…uu…*" jettee Mandara san hunda iyyaan kan too'atte. Too'atte jechi jedhu iyya isii san naa ibsa natti hin fakkaatu. Kanaafuu ni shororkeessite ka jedhu kun hoo naa ibsaa laata? Dachee walitti dhiphiste yoo jedhes waan arbeesse natti hin fakkaatu! Yeroma san heddummatanii Nuubiyyaa lafaa ol saamanii mataatti ol baatan.

Isiinis osoo harkaa bahuuf wixxifattuu humnaan moo'achuun qabatanii qajeelan. Tattaaffii isii kana keessa Qeerricha isa gara mataa isii qabate san itti hiixachuun, cifaa harka isii kan cifaa Qeerransaa tuffachiisu saniin fuulasaa hunda boconcortee waliin geette. Sekondii muraasa keessatti fuulli mucichaa tottorobbaayee Siree dhiirri leexaan irra ciisee ka'e fakkaate. Qeensi isii magaazii caalaa qara qabu sun fuula mucichaa fuuqaa fakkeessus, mucichi ciniinnateetuma harka hin kennuufii dide. Mucaa isii luka isii lamaan

gaadi'ee qabate sanis, akkuma Harreen utaaltee qoffee keessa wal dhiittutti, dhiiticha humna qabuun achi ofirraa diriirsite. Mucichi akkuma sangaa garaa quufee biyyee booratuutti daaraa booratee ka'ee, of too'atuun lafarraa utaalee ka'e. Akkuma ka'een lukkeen qaqal'oo Nuubiyyaa san sirritti duudhata jabeessee qabate. Miila isii san qabatee akka miilli isii humna dhabuuf sarbaa isii gara jilbaa olii tomtommatee si'a heddu rurrukute. Rukuttaatti dabalee aarii itti bahachuuf sarbaa isii irra deddeebiin quqummuunshe(qiqimmiide). Iyya duraanuu itti jirtu san jabeessitee haga laagaan isii baqaquu gahutti naannicha macheessuun booressite.

Akkoon Nuubiyyaafi ollaan isaaniis iyyi kan maalii akka ta'e adda baafachuuf gara iddichaa achi fiffiigan. Obboleessi haadha Nuubiyyaatis isaanuma duuba fiige. Wal fudhatanii birmannaa iyyichaatiif haa fiigan malee dhimmichi maal akka ta'e adda baafatanii beekuu hindandeenne. Iyyi nama iyyuu ittuma jabaataa dhufnaan, haguma achi gahaniif karaan itti dheeratee miilli lafa isaan hanqatte. Ammas inuma fiigu; fiigicha hindhaabne. Garuu lallaafanii hargansuun dadhabbiif harka kennuu isaaniif labse. Tabba, qilee, sulula, mukkeen walitti tuucha'an isa baadiyyaa san keessa qaxxaamuranii birmannaaf ariifatan.

NUUBIYYAA

* * * * *

Nuubiyyaan nama birmatuuf dhabdee iyyaan lafa dhiphisaa haga isiif danda'ame harkaa bahuuf tattaaffii gootus, garuu tasuma humna dargaggeeyyii kanaatii ol taatee harkaa bahuu hin dandeenne. Yeroo kana keessakaa sagaleen Qawwees kan irraa barooduu jalqabe. Qawwee qofatti dhaabbachuu mitii, Uleenis irraa hinafne. Kan Qawwee itti dhukaasaa doorsisan hanqannaan uleenis qaama isiirra iddoolee garaagaraa reebuun Nuubiyyaa harka kennachiisan. Akka Risaaf Culullee harree duute argataniitti itti tuuchanii Nuubiyyaa bubbututtee harka kennatte fudhatanii sokkan. Erga isiin tattaaffii dhiiftee dadhabbiif of kennitee booda humnaan qabatanii sa'aatima sanitti osoo hinturin gara iddoo Fincaa'aa jedhamutti geessuun mana keessa dhoffatanii nama dhufu eeggachuutti taa'an. Garuummoo haalli mijachuufii dinnaan, gara mana firaatti geeffachuuf qabatanii ka'an.

Akkoon Nuubiyyaafi Obboleessi haadha Nuubiyyaa, ollaa isaanii waliin iddoo itti iyya itti dhagahan gahanii nama homaa dhabanii bitaa itti galee achuma dhaabbatanii sagalee biraa barbaaduuf dirqaman. Iddoo san gadhiisanii hurufa sulula qabu keessaa gara tabbaatti

ol bahanii garanaa garas mimil'atanii yoo ilaalan, Dargaggeeyyii baay'atanii shamara wayii baatanii, itti wal jijjiiraa deeman argan. Obboleessi Nuubiyyaa ariitiin yoo isaan hordofu, Akkoon Nuubiyyaafi ollaanis haga humna isaanii isuma duuba miila fuudhan. Namoota sanirraa fagoo waan turaniif, namni akkas iyyu eennu akka ta'e adda baafachuuf isaan rakkise. Biruma gahanii adda baafachuuf karoorfatanii fiigicha dadhabbiitiin itti qajeelan. Yoo achi gahan Nuubiyyaa ta'uu argan. Isaan martuu callabaa'anii hafuun daqiiqaa muraasaaf arrabni isaanii waliin dubbii lagate. Kan jalqaba arge obboleessa haadha Nuubiyyaa ture. Akkuma ta'e ta'ee Afaansaa banatee arraba dubbiif ajaje. "*Ani badekaa Nuubii!*" jedhee haadhasaa ija keessa laale. Akkoon Nuubiyyaa akkuma afaan qabattetti haftee "*Gadheen sinyaattekaa dhalakoo!*" jechuun "*Uu…uu…uu…*" jechuun iyya keessaa fuudhaa gara buttootaatti ilma isii dursuun itti qajeelte. "*Harmee… Harmee…*" jechaa eessumni Nuubiyyaas Akkoo isii faana qajeele.

Akkuma naannawa ijoolleen Nuubiyyaa geessan san gahaniin, dhadhaabbatanii babarbaaduu jalqaban. Osoma barbaadanii sagalee iyya Nuubiyyaa dhagahan. Akkoon Nuubiyyaa utaaltee itti bararuuf taanaan ilmi isii(Eessumni Nuubiyyaa ykn obboleessi haadha

Nuubiyyaa) "*Ijoolleen meeshaa ofarkaa qabuu bar! Itti deemtee wanti buuftu hinjiruu turimee, gara Poolisiitti bilbillaa!*" jedhee bilbila baafate. "*Mucaa kiyya an obsee danda'ee, boo'icha isii sibira dhaabbadhee dhageeffachuu akkamitti danda'a?*" jechuun Akkoon Nuubiyyaa boo'ichaan imimmaan harcaasaa ilma isaaniitti dubbatan. "*Harmee xiqqoma obsimee Gammachuuf bilbilee hatatttamaan poolisii waliin akka dhufu taasisaa!*" jedhee obsisiisuuf yaale.

Ijoolleen kilaashii waan harkaa qabaniif, itti siiquu dhiisanii gara Abbaa Nuubiyyaatti bilbiluuf dirqaman. Bilbilaanis waan ta'e hundaa itti himan. Abbaanis waan qabee gadhiisu wallaalee malaaf falli harkaa babbadus, ariitiin gara Waajjira Poolisii Aanaa Barrakitti bilbilee waan hunda miseensa dabaree Odeeffannoo gaafa saniitti hime. Mucayyoon miseensa Poolisii dabaree Odeeffannoos hatattamaan deemtee Hoogganaa Waajjira Poolisii A/Barrakitti himte. Osoo isiin hin bahin bilbilli hoogganaa iyye. Kaasee gurratti of qabee "*Heloo*" yeroo jedhu. Deebii Hoogganichaaf deebisuus hanqatee "*Maaloo na dhaqqabaa; Ganda Roggeerratti mucayyookoo butanii fudhatanii galaa jiru; maaloo na dhaqqabaa… Maaloo… maaloo dafaa na dhaqqabaa!*" jedhe sagalee adda ciccitaafi naasuu guddaan gaadi'ameen. Hoogganaanis Iddoon naannawa kam akka

ta'ee fi haalasaa hunda irraa qulqulleeffatee akka isaaf dhaqqabu waadaa galeefii "*Ati tasgabbaa'i nuti ammuma bira geenya waan ta'eef!*" jedhee jajjabeessee bilbila walirraa cufatan.

San hanqatee abbaan Nuubiyyaa obbo Gammachuun gara waajjira Poolisiitti sardamaan dhufe. Hatattamaan hoogganaanis miseensa Poolisii nama 10 ta'an konkolaataa waajjirichaatiin abbaa Nuubiyyaatis fudhatanii Ganda Roggeetti qajeelan. Konkolaatittiin nama 10 ol qabattee awwaara samiitti ol dhaabdee yeroo fiigdu nama fagoo ilaaletti hinmul'attu. Poolisiin Aanichaa iddoo isaan geeffatan kana gahee yeroo too'achuuf yaalutti wanti hiyyaadamne tokko dhalate. Ummannis waan baay'inaa lafti bal'oon qaawwa ittiin walarganuu dhabdee dhiphina hamaa keessa galteetti.

Haalichi Poolisoota Aanichaatiifis keessummaa ture. Poolisiis akkuma arganiin dhukaasa irratti banan. Kilaashii tokkoofi uleewwan muraasaan Kilaashii kudhan duchiisuun nama hinajaa'ibuu? Kun hundi jaalalamoo gootummaadha? Qarummaadha moo gowwummaadha? Gowwummaas osoo ta'ee, jaarraa 21ffaa qaroominni gowwootaayyuu keessa heddummate kana keessatti hawannaa, fedhiifi jaalalaan Nuubiyyaa kan ofiisaanii taasisuu hindanda'an turee? Sirritti

danda'u ture! Kun gowwummaa bira darbee hoodhannaayummaa yoo ta'e malee, nama isaan Nuubiyyaa hawwaniifii kanatti galaniifis bu'aa waan qabu hinturre.

* * * * *

Haalli teessuma lafaafi baay'ina ummataatiif ijoollee kana too'achuuf rakkisaa waan tureef, Poolisiin Aanichaa humna dabalataa eeggachuuf dirqameera. Osoo lubbuunis ta'ee qaamni namaa dhukaasaan hinmiidhamin jara kana too'achuuf humni dabalataa barbaachisaa ture. Humni dabalataas hatattamaan Poolisii Aanichaatiif dhufee xiqqoo erga marii gaggeessanii booda, tooftaan itti seenanii qabuuf gara manaatti ijjatan. Deeggaraa qaama butee warra ta'an keessaa wacaan lafa garagaggalchuun kan Poolisii jeeqaa turanis kumatamaan lakkaa'amu. Yeroo kana haalichi baay'ina ummata achi jiruutiin walbira qabamee yoo ilaalamu ijoollettii qabuuf rakkisaa ture. Kanaaf Kilaashkoovii gara samiitti ol-dhukaasuun ummata akka biyyee lafaatti achi guute san bittinneessuun barbaachisaa waan tureef, meeshaa ol qabanii si'a sadi miseensa sadihiin garaagarummaa daqiiqaa 5 shaniitiin dhukaasaa itti deeman. Yeroo kana ummanni sun hundi iddoo sanii qooraa, hir'ataa karaa gadi lakkisaa dhufe.

Kallattii maraanuu wal qoqqoodanii itti marsuun yeroo itti deeman namoota isaanitti rakkoo ta'uuf shaakala taasisan uleen adabaa itti qajeelan. Buttoota Nuubiyyaa keessaa mucicha kilaashii dhukaasaa ture dhagaa inni jalatti daadeffatee dhukaasaa ture jalatti miseensi tokko duubumaan irra gahe. "*Meeshaa lafa godhii dafii olka'i! Ykn asumatti si hambisa!*" jedhee meeshaa nyaachifatee itti qabe. Rifaatuu guddaan guutamee meeshaa achumatti dhiisee harkasaa olqabee lafa jiruu ka'e.

Kaatenaa harka isaatti kaa'uun meeshicha irraa fuudhanii too'atan. Carraaqqii daqiiqaawwan muraasaa booda ijoollettii hundayyuu Nuubiyyaa waliin too'annaa jala oolchan. Nuubiyyaan asiif bubbutamuufi rukuttaa ijoolleetiin of dadhabdee bututtee waan turteef daftee hin dammaqne. Lafti ittiin garagalee of haa wollaaltu malee, Ijoollettii hundattuu kaatenaa yeroo kaa'an Nuubiyyaatti lafatu ifee itti mul'ate. Iyyi Nuubiyyaafi worwaannaaf kadhannaan maatii Nuubiyyaatis badee lafa hinbanne. Gargaarsa Rabbiifi birmannaa Poolisii Aanichaatiin deebii argatee, kaayyoof galmi barmaatilee boodatti hafaa karoorfame daaraa botoroo ta'ee hafe.

Kan ummataa ajaa'ibuma. Barmaatilee boodatti hafaa akkanaa kana irratti qabsaa'uun dhabamsiisuun osoo jiruu gocha balaaleffatamaa akkanaa kanaaf gurra

kennee yeroo dibbee rukuteefii "*Jabaadhu!"* jedhuun akkamitti naman ajaa'iburee? Gocha itti iyyamee seeratti dhiyeeffamuu qabuuf birmannaa taasisaniifii abdii itti horuun irra hin turre silaa! Hundaafuu namoonni gocha kanarratti adda durummaan hirmaatan 5(Shan) too'atamanii Mana hidhaa yeroo shakkamtootaa Waajjira Poolisii Aanaa Barrakitti darbataman. Hawwiifi fedhiin qaamota hawwisiisoo Nuubiyyaa dhamdhamuuf dharra'aa ture sun, argatee dharraa bahuu mitii osoo ittillee hin kalaayin hidhaaf saaxilame.

Qorattoonni Poolisii Aanichaa himannaa qindeeffachuun Abbaa Alangaa waliin ta'uun himannicha cimsan. Guyyaa ittaanu, buttoonni Nuubiyyaa shananuu Mana Murtiitti dhiyaatan. Abukaatoo dhuunfaasaanii bitatanii mormiin ofirraa qolachuuf carraaqanis, qalamaafi keewwata Qorataa Poolisiifi Abbaa Alangaa jalaa isaan baraaruu hindandeenne. Dhimmicha gadi fageenyaan erga qoratanii booda, Abbaan Alangaa bu'uura Seera yakkaa bara 1997 fooyya'ee bahe keewwata 32(1)(a) fi 587tiin himatamtoota hundarratti humannaa bane.

Manni Murtiitis himannicha fudhatee raga sanadaaf ijaa Abbaa Alangaa erga dhagaheen booda, ofirraa akka ittisaniif jal-murtii kennee, himatamtootaan "*Ragaa ittisaa*

dhiyeeffadhaa!" jedhee ajajus, himatamtoonni "*Ragaa ittisaa hinqabnu!*" waan jedhaniif bu'uuruma himannaa A/Alangaatiin:-

- Himatamaa 1ffaa irratti Adabbii hidhaa waggaa 7(Torbaa)f ji'a 5(Shanii) fi qarshii 2,000.00(Kuma lamaa)tiin,
- Himatamtoota 2ffaa haga 5ffaa jiranirratti immoo tokkoon tokkoo isaaniitiin Adabbii hidhaa waggaa 5(Shanii) fi ji'a 5(shanii)tiin adabuun galmeen cufamee mana galmeetti akka deebi'u ajaja dabarse.

Yeroo kana dhagahan Nuubiyyaafi maatiin isii hundinuu gammachuun gara manasaaniitti galan. Harmeen Nuubiyyaa, Akkoowwan lachuufi Abbaan Nuubiyyaas imimmaan gaddaa gaafas isaan hudhaa ture, imimmaan gammachuutiin bakka bu'ee imimmaan gammachuu coccobsaa yeroo galan abbaan Nuubiyyaa obbo Gammachuun isaan biraa gara Waajjira Poolisii Aanaa Barrakitti qajeele. Achi gahee biiroo seenee Hoogganaa waajjirichaa galateeffatee gale.

Xumurameera!

NUUBIYYAA

Hubachiisa:- *Barruun gabaabaan Asoosamatti jijjiirame kun seenaa dhugaan raawwatamee murtii argate yoo ta'u, jechootaafi yaada barreesichaatiin kuulamee kan dhiyaateedha. Namfakkiilee fi maqaaleen dhimma itti bahame kalaqa barreessichaati malee kan namoota dhugaan taatee kana keessatti hirmaatanii miti.*

Yaadaaf qeeqa qabaannaan:-

Bilbila: 0954811484/0912299700


E-mail: *www.IsaHusen@gmail.com*

Telegraama: https://t.me/EsaHusen(Ibsaa)

Fuulbarruu: https://facebook/EsaHK

HORAA BULAA!

Kitaaba bareessichaa isa duraafi gabaarra jiru!



Kitaaba barreessichaa kan kana boodaa-

SUMAAROO:- Maxxansaaf kan qophaa'e!